# Jechoota namoonni Nabiyyummaa isa jalqabaa irraa dhaqqaban keessaa tokko: Yoo qaanfachuu baatte wanta barbaadde raawwadhu

Abuu Mas'uud irraa akka odeeffametti Rabbiin irraa haa jaallatu akkana jedhe: Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- akkana jedhan: «Jechoota namoonni Nabiyyummaa isa jalqabaa irraa dhaqqaban keessaa tokko: Yoo qaanfachuu baatte wanta barbaadde raawwadhu».
[sirrii] [Bukhaariitu gabaase]

Nabiyyiin -nagaa fi rahmanni irra haa jiraatu- waan dhaamsi Nabiyyoota darban irraa keessatti dhufee, namoonni of giddutti waliif dabarsaa turan, Hanga jalqaba ummata kanaa gahutti dhaloota eega dhalootatii walirraa dhaalaa turan keessaa: Waan gochuu barbaaddu ilaali, waan irraa hin qaanfatamne yoo ta'e isa hojjadhu, waan irraa qaanfatamu irraa yoo ta'e immoo ofirraa isa dhiisi; Hojii badaa dalaguu irraa kan nama dhoorgu qaanii qabaachu waan ta'eef jecha, Namni qaanii hin qabne, safuu fi dalagaa xuraa’ummaa fi badii hundumaatti of kenna.



النجاة الخيرية
ALNAJAT CHARITY
لجنة الدعوة الإلكترونية
EDC E-Da'wah Committee